Namni wuduu'a godhatee wuduu'a isaa bareeffate hanga qeensa isaa jalaan ba'utti badiin isaa qaama isaa keessaa ba'a

Usmaan ibnu Affaan irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Namni wuduu'a godhatee wuduu'a isaa bareeffate hanga qeensa isaa jalaan ba'utti badiin isaa qaama isaa keessaa ba'a».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni sunnaa wuduu'aa fi namuusa isaa eeggatee wuduu'a godhate, sun sababaa badiin ittiin haqamuu fi diliin dhiifamuu akka ta'e himani, hanga badiin isaa qeensa isaa miilaa fi harka isaa lamaan jalaan ba'utti.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/6263